Gara laafummaan waan tokko keessatti hin ta'u isa faayu malee, waan tokko irraa hin fuudhamu isa jibbisiisu malee

Aa'ishaa haadha manaa nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Gara laafummaan waan tokko keessatti hin ta'u isa faayu malee, waan tokko irraa hin fuudhamu isa jibbisiisu malee».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechaa fi gocha keessatti garaa laafuun, laaffisuun, suuta jechuun, wantootaaf bareedina, guutinaa fi tolina akka dabaluuf ibsani, akkasumas namni garaa laafu dhimma isaa argachuun akka isaaf malu ibsani. garaa laafuu dhabuun wantoota balleessa, abbaa isaas dhimma isaa argachuu irraa isa dhoorga, yoo argatellee rakkinaan woliin argata.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5796